

Ergaa tokkoffaa

Ilma namaa biyya lafaa irrati argamtu hundaaf

Guyyaan itti barreeffame sadaasa 7 bara 1998 ALI

**Ergaan kun MURTII eeWAAQAYYOO ISA DURAA
jedhamee fudhatamuu ni danda'a.**

**Yookis ammoo akka ifaa kelloo yaadamuu ni
danda'a.**

Yaadannoo:

- Ergaa kana of eeggannoo fi xiyyeeffannaa guddaatiin dubbisaa
- Namoota biroof yoo dabarsitan fuula hundayyuu dabarsaa. Irraa hin hir'isinaa, itti hin dabalinaa, hin fooyyessinaa. Kana kan godhan martuu adabbiitu itti jira waan ta'eef.
- Ani tolaan akkan siniif kenne isinis tolaan kennaa. Namni kuun ofiif barbaadee qarshii yoo siniif kenne fudhadhaa. Eebba isaa naa wayya yoo jettan hin fudhatinaa.
- Faaksii godhaa, I-meeylii godhaa, weebssaayitii kessan irratti gadhiisaa, poostaadhaanis ergaa.
- Gaazexaa irratti maxxansaa, tamsaasaa, raadiyoo fi televizhiininis akkasuma.
- Warra akka ajaja kanaatiin hin raawwanne ajaja kanaan maaltu akka itti ta'u dubbisaa.
- Tola raawwachuun homaa hin dhoorkamu.
- Hoogganaa ta'ee ta'uu baatee kan itti faradamu akka gaabbii isaa fi gocha qajeelaa isaatiin qofa.
- Dalagaan gaariin kan jalqabu wantuma ishee xinnoo irraayi waan ta'eef!

Dubbisa gaarii isiniif yaa ta'u!!

Sanyii Aaddam ardii tana irra
jirtan hundaaf haa ga'u!
warra ergaa-

Sad. 7/1998 ummataaf kan ibsame
Har'a 1/10/2000 yeroo lammataa

n bira hin geenyeef kan kan
qophaa'e

**Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Hafuura Qulqulluu Waaqayyo
Tokkicha Ameen!**

**Gooftaan uumama hunda maqaansaa kan galatoome yaa
ta'u Ameen!**

Ummatoota ardii tana hunda irratti harcaatanii jiraattan hundaaf; Afaan fi
sanyii garagaraatiin qoqqoodamtanii; ardii,biyya, ganda irratti kan jiraattan
hundaaf!!

Hooggantoota,kan bara ammaatti addunyaa tana bulchitan, Amantaawwan
biyya lafaa kana irra jiran keessatti Hoogganaa, lallabaa, qindeessaa taatanii
amantii keessan kan hooggantan akkasumas amantii keessan lallabuuf kan
bobbaatanhunda! Ogeeyyii, falaasamtota, hooggantoota waraanaa,
mootota, bulchitoota fi dhaabbilee idil-addunyaa. Warra addunyaa kana
qaroomina, humnaa fi horii keenyaan bulchaa jirra jettaniif hunda;
keessaayyuu **Baabiloon guddittii (Ameerikaa)** fi hiriyyoota ishee kan yeroo
hunda ishee waliin ejjan(sagaagalan); Awuroppaa, Eeshiyaa,Araboota,Laatin
Ameerikaa, Afrikaa, akkasumas gaalamotaa guddittii Baabiloon(Ameerika)
Awroppaadhaan mootummoota ijaaraman isaan gaalamootaawwan xixinnoo
hundaaf!

Bara hamaa kana keessatti of keessan dhiphina fi rakkina(qorama) keessa
kan galchitan, amantii keessaniif jecha, Waaqayyo jaalachuu fi itti
amanamuu keessaniif jecha miidhama guddaa keessa kan jirtan isin ilmaan
Gooftaa hundaaf!

Kitaaba Iyoob boq. 32:

¹⁸ Ani wantan dubbadhu baay'een qaba, hafuurri na keessa jirus na tuttuqa;

¹⁹ garaan koo akka daadhii waynii maragamee ti, akka qalqala buufaa warra sibiila tumuu isa bokokaa ti;

²⁰ akkan furamuuf nan dubbadha, afaan koo saaqqadhees deebii nan deebisa

Asii olitti jecha Waaqayyootiin akkuma agarsiifametti ergaa kana akkan dubadhu waanan dirqameef nan dubbadha. Akkan hin dubbanneef akkan hafuura takka hin baafneef jedhee Waaqayyo waliin mormeen jira. Akkum raajicha Yoonaasittis dideen ture. Ta'us garuu human waaqayyoo waliin mormee waanan hin dandeenyeef, gaddaas ta'u ajaja kana akkan raawwadhu dirqii natti ta'e; kanaafis ergaa isa dubbachuun natti jiru waa'ee haala addunyaa isa dhufuuf ta'u nan dubbadha.

Ergaan of eeggannoofi murtoo dhufuuf jiru sin bira haa ga'u.

Ani nama baay'ee xinnaa(quxisuu), kan cubbuu qabu beekumsi koos gadi aanaa jireenyi koos jireenya baay'ee hiyyeessa dhabaa kanan jiraadhudha. Lammii biyya Itoophiyaa kan isin hiyyummaa isheetiin beektanii kanan ta'e fi ilma ishee isa hiyyeessa dha.

Ergaan kun kutaa 4 qaba:

1ffaa/ bulchitoota,abbootii qabeenyaa,abbootii cubbuu,gocha Sadoom kan raawaatan, ajjeeftota, hattoota, saamtota, hiyyeessa kan balleessan, walumaagalatti ijoollee fi gargaartota bofa isa duraa(Diyaabiloos) kan ta'aniifi ifaan ifatti seeraa fi sirna waaqayyoo diiguu irratti hojii hojjechuun gocha dukkanaa kan mootii taasisan warra bofa,jawwee, qaajjibuuwwan bara kanaa ilaallata.

2ffaa/ haguugii(gonfoo) amantaa ofitti godhachuun dhaabbilee amantaa adda addaa jechuunis Bataskaanota Kaatolikii, Pirootestaantii, Ortodooksii, Anjelikaanii, fi kan biroos dhaabbilee maqaa Kiristaanummaatiin of hundeessan ilaallata. Dabalataan dhaabbilee lakkoofsaan baay'atan kan akka Musliimaa,Budihiizimii,Koonfishiyaanii,Hinduuyizimii fi kan biroos ni ilaallata.

3ffaa/ Ummatoota waaqayyo kanneen sababii cubbuu biyya lafaa kana haguugee jiruutiin rakkoo fi miidhama irra jiran ilaallata.

4ffaa/ Itoophiyaa,Ummatoota ishee,Bulchitoota ishee fi carraa ishee isa dhufuuf jiru ilaallata.

Walumaagalatti ergaan kana keessatti hojii fi gocha ishee irratti hundaa'uun murtoo fi adabbii addunyaa keenya eeggatu sanas booda haala uumamu kan argattan yoo ta'u ergaa kana dhagahuu yoo hin jaalannes yoo hin barbaannes kan hin hafne waan ta'eef murtoon isaa mataa keessanirratti kan raawwatamu ta'a. '

Qaroominni,beekumsi,badhaadhinni yookis abbaan keessan inni sobaa isin hin baasu waan taeef ergaan kun:

- warra badii qabaniif oduu murtoo du'aa isaanii kan itti dhagahan
- warra arjaa taataniif Waaqayyo gooftaa amanamaa fi fayyisaa ta'uu isaa kan itti mirkaneeffatani dha.

A.Ergaa tokkoffaa irratti warra ibsamtaniif, gurra keessan as qabaatii dhagahaa!

Yaa warra gudii baranaa Isinoo eennyu! Siniin jedha Gooftaa Waaqayyoo. Ofiin kan of bobbaaftan oftuumman kan guutamtan Waaqayyoo ardiif samii diriirse kan tuffattan maarree isinoo eenyu! Ijoollee bofa isa duraa kan taatan kan waaqayyoo irratti qoostan, maarree isin eenyu! Hafuurri teessan funyaanuma teessan dura kan jirtu osoo qabamtanii kan baddan, garuu isin maali laata! Eeyyeni isiin daaraa kan homaa gatii hin qabne dha. Mee waan Gooftaa waaqayyoo isin gaafatu dhagahaa!

Isaayyaas boq. 40:

¹² Eenyutu bishaanota harkaan hammaaree safare? Eenyutu waaqota taakkuudhaan safare? Eenyutu biyyoo lafaa guubootti naqee fixuu danda'a? Eenyutu tullootaa fi gaarota madaalii irra kaa'a?

¹³ Eenyutu humna hafuura Waaqayyoo shallaguu danda'a? Eenyutus Waaqayyoon gorsee barsiisuu danda'a?

¹⁴ Inni eenyuun gorsa gaafata? Yaada ogummaa eenyu irraa argata? Karaa qajeelaa eenyutu isa barsiisa? Beekumsa ittiin hubatus kan isa barsiisu eenyu?

¹⁵ Kunoo, sabni lafa irraa akka cophaa qodaa bishaanii irraa cophuu ti, akka awwaara madaalii irra buufatuu ti. Kunoo, biyya bishaan keessaa hundumaas akka awwaarri ka'utti isaan in kaasa;

¹⁶ qoraan caakkaa Liibaanon keessa jiru aarsaa gubamuuf hin ga'u; bineensonni achi keessa jiranis qalma gubamuuf hin ga'an;

¹⁷ sabni lafa irraa hundinuu isa duratti wayyitti hin galan, isaan isa duratti waan tokkotti iyyuu hin lakkaa'aman.

¹⁸ Waaqayyoon eenyutti fakkeessitu? Fakkeenya attamiitii wajjinis wal bukkee qabdu

Jecha waaqayyoo asiin olitti kaafame kanaaf deebii maali qabdu? Hoomtuu wanti isin deebifan hin jiru garruuyyuu waaqa caala beektota hunda shaartota hunda raggaasiftoota taataniirtu. Seera Waaqayyoo kan shaartan waan taataniif seera mataa keessaniitiin kan bultaniidha. Seera Waaqayyoo shaartanii seera mataa keessanii kan raggaasiftaniidha. Baayyina oftuummaa, ofitti amanamummaa, ganummaa, daldaltummaa keessaniitiin yeroo sanyiin ilma namaa uumameen kaasee hanga ammaatti kan argamanii hin beekammedha isin.

Waaqayyoo silaa akkana jedhee hin ajajneehoo! Gooftaan hoomaa Waaqayyoon, Gooftaan Abrahaam, Gooftaan Muusee, Gooftaan Eeliyaas faa, Gooftaan Phaawloos faa, Gooftaan Yohaannis faa, ajaja isa guddaa kana hin ajajnee moo!

- Waaqayyoolii kan biraa tokko illee ana bukkeetti hin qabaatin!
- Maqaa koo maqaa Waaqayyoo gooftaa keetii akkaasumaan hin dha'in!
- Bifa qirixame, fakkeenya wanta ol waaqa irra jiruu, gad lafa irra jiruu, yookiis bishaan keessa lafa jala jiruu hin tolfatin! Ati bifa fakkeenya kanaaf hin sagadin, isaafis hin hojjetin! Ani Waaqayyoo gooftaan kee Waaqayyoo hinaafaa dha; cubbuu abbootaa hamma dhaloota sadii, hamma dhaloota afuriittis harka ijoollee warra na jibbanii keessaa nan barbaada. Dhaloota warra na jaallatanii abboommii koo eeganiitti garuu, kumaatama isaaniitti gaarummaa koo nan argisiisa

- Ani Waaqayyo nama akkasumaan maqaa koo dha'u utuun hin adabin waan ani hin dhiifneef, ati maqaa koo maqaa Waaqayyoo gooftaa keetii akkasumaan hin dha'in!
- Guyyaa Sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu! Ane Waaqayyoo guyyaa sanbataa waanan eebbiseef, waanan qulqulleesseefis
- Abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni! Hin ajjeesin, Hin ejjin, Hin hatin, Nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in, Mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin, Hiriya kee akkuma mataa keetii jaalladhu!

Seera ba'uu boq. 20: 1-17

Ajajaawwaan Uumaa Gooftaa keenyaa armaan olitti ibfaman, ni tuffattan! Ejjummaa akka gocha sirrii ni raggaasiftan, eeyyamtan, raawwattan, sirumaa kanas bira dabartanii **gocha Sadoom** raggaasiftan. Bataskaana keessatti walfuusiftan, raawwattan, dubartootaafis akkasuma gootan. Dubartii Bataskaana keessatti lallabduu Phaaphaasii gootan.

Seera Gooftaa isa hin ajjeesin jedhu dabartanii aangoo, horii, faayidaa, kabajaa, daldaala, fedhii oftuummaaman guutamanii ol ka'uu keessaniif jecha nama ajjeestan. Sirumaayyuu meeshaaleen ajjeechaa keessan nama tokkoofi lama ajjeesuu bira dabranii nama miliyoonaan lakkaawamu ajjeesuuf geechan. Kanaanis yeroo tokkoon nama heddu ajjeetan, harras ajjeesaa jirtu. Har'a wal ajjeesuu akka waan mala ta'ee karaa hedduun hojii irra oolchitu. Bofni inni duraa Gaadri'eel kan akaakayyuu fi akaakileen keessan Qaayel irraa qabee ajjeechaa kan Abeeliin sin barsiisuu eegale harra miliyoonotaan ajjeesuu sin barsiisaa jira. Niyuukileerii, niyuutroonii, baayoloojikaalii, keemikaalii, jeettii, boombii, taankii, madfii, misaayelii... lakkaawameeyyuu dhumaa? Kana hunda badii namaaf hojjettan. Ittiin ajjeetan ajjeesaas jirtu. Maaliif? Aangoof, qabeenyaaf, kabajaaf, beekamtiif!

“**hin hatin**” jecha Gooftaa kana namni hunduu kan cabsuu dha. Haala adda addaatiin ni hata, ni gowwoomsa.

“**sobaan dhugaa hin bahin**” ajaja Waaqayyoo kanas namni hunduu kan hin kabajneedha. Guyya guyyaatti namni baayyisee sobaat oola. Sirumaa sobuu akka beekumsaafi dandettii ilaala. Mootummoonni hooggantoonni yeroo hundumaa akka tooftaatti itti fayyadamu. Ogummaa siyaasaa jedhanii tooftaa sobaa akka beekumsaatti qo'atu. Ummata akka horiitti oofuuf, bulchuuf gowwoomsuuf itti fayyadamu.

“**hiriya kee jaalachuu**” isa kana raawwatamuu dhiisii sirumaa hundee isaa irraa kaasee kan bade ta'eera. Sirumaayyuu namni obboleessa isaa balleessee qabeenya isaa niitii isaa saama, hata.

“abbaaf haadha kee kabaji” kan jedhu kun erga shaaramee ture. Abbaaf haadha kabajuu dhagahuu dhiisii fallaa kanaat ta’ee murteessaan, gorsaan, hoogganaan ilmaa fi quxusuu ta’eera.

“guyyaa sanbataa kabaji” akkanuma akka gowwummaa eega yaadamee ilmi namaa shaaree ture.

“maqaa waaqayyoo akkanumaan hin dhahin” jechaafi ajaja Waaqayyoo kana cabsee sobaan kakachaa oola. Akkasumas akka malaa ilaalamee kakuudhaan maqaa Waaqayyoo kaasun daldaalaa fi gowwoomsaa akka oolu ta’eera.

Dhumarrattis, ajaja **“Waaqayyoolii kan biraa ana bukke(maddii)tti hin qabaatin, ani Waaqayyoo gooftaa hinaafaa dha.”** Jedhu tuffachuun ilmi namaa waaqeffanna gara garaatiin qabameet jira. Kunis qarshii isaa, kabaja isaa fi bifoote fakkeenya ta’ii dha. Qarshiin gooftaa isaati. Aangoon dahannoo isaati. Beekumsi madda of jajiinsa isaati. Waaqayyoo maqaa kan dhahu akkanuma afaaniifi akkeesuuf qofa. Waaqayyoo kan gaafatu kan ofiif karoofate akka raawwachiisuuf kan ofiif jaalate akka raggaasisuuf malee kan Waaqayyoo jaalate akka raawwatuuf miti. Dhugaan har’a mul’atu kanuma.

Jalqabni ogummaa Waaqayyoo sodaachuu dha. Kunis kan ibsamu seerota eeguufi kabajuu hojjiirras oolchuun qofa. Laphee guutuudhaan, yaada guutuudhaan, Waaqayyoof ajajamuu fi bitamuu, qofaani Waaqayyoo sodaachuun keenya kan ibsamu. Kan kana hoojiirra oolchu tokkoyyuu hin jiru.

Maarree isin bofoonni addunyaa galaana cubbuu keessa liccisiistan, bakka tokkoyyuu osoo hin hafin hojiin cubbuu mootome. Carqii keessaniin haguugamtanii yoo mul’attan nama guddaa fakkaattu. Teessoo aangoo keessanii irratti yoo mul’attan murtoo dhugaa kan dabarsitan fakkaattu. Garuu akkuma awwaalli alli isaa bareedee keessi isaa mixii fi raammoodhaan guutame, isinis akkasuma dha. Manni keessan magaalaa keessan ni bareeda. Garuu isin jarri keessa jiraattan bofoote, qaajjibuuwwan, bineeyyii waan taataniif! Ardiin isin baachuu dadhabde. Ardiin, galaanni, qilleensi hundi hojii cubbuu keessaniin guutame! Bakka ardii tanaa kamittuu eddoon harkiifi miilli abbaa keessanii boficha Diyaabiloos bira hin geenyeefi hin marsine hin jiru. Isinoo akkam ta’ee mana cubbuu isa bartan keessan keessaa baatan? Hin baatan! Amala keessan ta’eera. Ilmi bofaa, jawwee, qaajjibuu sanuma bofa jawweefi qaajjibuu dha. Uumamni keessan nama ta’us gochi keessan hunduu gocha bofichaa ti. Gooftaan hoomaa waaqayyoon akkan isiniin jedha.

Isaayyaas boq. 14:

¹² "Ati yaa ilma ganamaa, isa akka bakkalcha barii ibsuu! Attamitti bantiwwan waaqaa irraa gad darbatamte! Ati inni saba gad qabaa turte, amma immoo attamitti lafatti dabalamte!

¹³ Ati garaa kee keessatti, 'Ani gara bantiwwan waaqaatti ol nan ba'a, urjoota Waaqayyoo gararraas teessoo koo nan dhaabbadha, tulluu iddoo walga'ii isa dhuma gara bitaa jiru irras nan taa'a;

¹⁴ duumessoota ol fagoo irratti ol nan ba'a, isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa' in jette.

Abbaan keessan bofni isa duraa mul'atni isaa armaan olitti Gooftaadhaan kan ibsamedha. Inni kan isin barsiise waan ta'eef lafa dhiistanii addeessa irra maarsii irra sanaa olittis yaa deemnu jettanii, mana keessanis achi godhachuuf ifaajaa jirtu. Hiriyoonna keessan bashannanaaf achii deemanii deebi'aa jiru. Rookkettiin isaa bor achi jiraachuuf hojjetan ni deema ni deebi'a. Abbaan keessan Diyaabiloos, Waaqayyodhaa ol ta'uuf mitii, isiniis barattoota isaa mitiiree yaada isaa irraa maaliin adda taatu? In ifaajjan homaa waa'ee hin qabdan. Gatii hin qabaattan.

Isa. 14:

¹⁵ Ati garuu iddoo lafa jalaatti in darbatamte, qilee keessas in buute.

¹⁶ "Warri achitti si argan dinqisiifatanii, 'Kun isa lafa rom'isiisaa ture, isa mootummoota raasaa ture,

¹⁷ isa biyya lafaa onse, isa mandaroota diigee balleesse, isa warra hidhaman gad hin dhiifnee dha mitii?' in jedhu.

¹⁸ "Reeffi mootota saba lafa irraa hundinuu adduma addaan ulfinaan awwaala oofii isaanii keessa in kaa'ama;

¹⁹ kan kee garuu akka damee muramee tuffatamee awwaala kee keessaa baafamee, diidatti gatama malee, hin kaa'amu; warra gorra'amanii billaan isaan u'uree wajjin, boolla dhagaa keessa in buufama, miillaanis gad in dhidhiitama.

²⁰ Ati biyya kee waan balleessiteef, saba kees gorraatee waan fixxeef, isaan gidduutti hin awwaalamtu; sanyiin warra hamaa godhanii bara baraan deebi'anii maqaa hin dha'aman.

²¹ Isaan ka'anii biyya qabatanii mandara isaaniitiin lafa akka hin guunnetti, sababii yakka abboota isaaniitiif ilmaan isaanii fixuudhaaf iddoo qopheessaa!" jettee in weeddifta

Abbaan keessan Diyabiloos bofti isa duraa mootummoota unkuraa ummata ficcisiisaa Niiwkulariin magaalota yoo barbadeessu jeettii fi taankiidhaan yoo rukutu isimis kanuma raawwachaa raawwachiisaa baatan, garuu xumurti keessan haramuu dha. Isin dhiisaatii ilmaan keessanuu hin jiraatan.

Gooftaa Waaqayyo akkana jedha:

Isa. 14:

²² *Waaqayyo gooftaan maccaa, "Ani isaan irratti nan ka'a" jedha; itti dabalees, "Ani Waaqayyo, Baabilon keessaa maqaa ishee fi hambaa ishee, ilmaanii fi ilmaan ilmaan isaanii lafa irraa nan balleessa;*

²³ *Baabilonin iddoo dhaddeen itti galto, laga caffees nan godha, harataadhaanis haree ishee nan balleessa" jedha Waaqayyo gooftaan maccaa.*

Maarree kaa badiinsi keessan haala armaan olitti ibsameeni. Ni haramtan, ni barbadooftan, daaraa taatan. Kun ni ta'a, ni raawwatama, Gooftaas kan amanamedha kana ni godha. Waa'ee baabiloonii bara keenyaa(Ameerikaa) fi warra ishee waliin negedanii fi ejjan maraa ilaalchisee murtoo Gooftaa armaan gaditti ibsametu raawwatama:

Mul'ata Yohannis 18:

² *Inni sagalee cimaadhaan iyyee, "Kufteetti, Baabilon guddittiin kufteetti, iddoo buufata hafuurota hamootaa taateetti; lafa hafuurri xuraa'aan itti deddeebi'u, lafa allaattiin xuraa'onii fi jibbamoon itti deddeebi'an taateetti!*

³ *Sabni hundinuu daadhii waynii dheekkamsaa isa halalummaa ishee irraa dhufu dhuganiiru, mootonni biyya lafaa ishee wajjin ejjaniiru; naggaadonni lafa irraas badhaadhummaa ishee isa keessa-ba'aadhaan sooromaniiru" jedhe.*

⁴ *Ergasiis sagalee biraa tokko waaqa keessaa nan dhaga'e; innis, "Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha ishee irraas akka hin hirmaannetti, kottaa, ishee keessaa ba'aa!*

Har'a Ameerikaa waliin kan hin daldaalle hin jiru. Ingiliiz waliin kan hin nagadne hin jiru. Moototni Arabaa, moototni Awuroppaa, Eeshiyaa, Laatin Ameerikaa fi Afrikaa hunduu kan Baabiloon guddittii(Ameerikaa) waliin dalдалani. Har'a irratti kan ishee waliin daldaalanii badhaadhanii.

Mootota mitii namoonni dhuunfaa iyyuu Ameerikaa fi Awuroppaa deemanii jiraachuu, daldaaluu akka kabajaa, mootummaa waaqayyoo seenuutti lakkaawu. Sababni isaas, qarshiinis jira, akka barbaadanitti sagaagaluunis jira. Bara Diyaabiloos yeroo bofichaa waan ta'eef wanta hunda mijeessseefii waan jiruuf!! Kanaafuu fiigichi yeroo hundaa garasi. Wayyoo isisniif! Ni haramtu! Hin miliqhan.

Kunoo jechi Gooftaa akkana jedha:

Ergasiis sagalee biraa tokko waaqa keessaa nan dhaga'e; innis, "Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha ishee irraas akka hin hirmaannetti, kottaa, ishee keessaa ba'aa! Cubbuun ishee hamma bantii waaqaatti ol tuulameera, Waaqayyoos jal'ina ishee hundumaa yaadateera;waan isheen nama irratti fidde, ishee irratti deebisaa, wanta isheen gooteefis, dachaa lama godhaa dugda baasaaf! Xoofoo isheen itti namaaf bulbultetti harka lama kan hammaatu bulbulaaf!Akkuma isheen ulfina ofiif laatee, qannoo keessa-ba'aattis jiraatte, safaruma isaatiin dhiphinaa fi gadda kennaaf! Isheen garaa isheetti, 'Ani mootuun addana nan taa'a, ani haadha hiyyeessaa miti, gaddas matumaa hin argu' ofiin jetteetti.Waaqayyo gooftan inni isheetti faradu aango-qabeessa waan ta'eef, dha'ichi garaa garaa, dhukkubni adeemaan, gaddi, beelli, guyyaa tokkichatti isheetti dhufuuf jiru; ibiddaanis gubamuuf jirti!" jedhe.Mootonni biyya lafaa warri ishee wajjin ejjanii, qannoo keessa-ba'aatti jiraatan, aara gubachuu ishee yommuu argan, isheedhaaf boo'anii wawwaachuuf jiru.Dhiphina ishee sodaataniis irraa fagaatanii dhaabatanii, "Yaa Baabilon ati mandara guddittii! Wayyoo kaa, yaa mandara humna-qabeettii, firdiin kee sa'aatii tokko keessatti dhufe'o, wayyoo kaa!" in jedhu.Naggaadonni biyya lafaas, si'achi mi'a isaanii namni irraa bitu waan hin jirreef, isheedhaaf in boo'u in gadduufis.Mi'a warqee, meetii, dhagaa gati-jabeessaa, callee, uffata quncee talbaa qullaa'aa irraa hojjetame, uffata bifa dhiilgee, haarrii, uffata bildiimaa, muka urgaa'u hundumaa, mi'a ilka irraa hojjetame, mi'a muka baay'ee gati-jabeessa irraa hojjetame, mi'a sibiila diimaa, kan sibiilaa, kan dhagaa miidhagaa gati-qabeessaas,qarafaa, urgooftuu dibataa, ixaana, qumbii, haphee, daadhii waynii, dhadhaa ejersaa, daakuu bullaa'aa, qamadii, saawwa, hoolaa, farda, konkolaataa fardaan harkifamu, garba, lubbuu namaa iyyuu isaan irraa kan bitu hin jiru.Isaan yommuu, "Wanti lubbuun kee ija isaa argachuudhaaf hawwee ture si harkaa ba'eera, simboon kee fi cululuqni kee hundinuu si harkaa badaniiru, deebi'aniis matumaa hin argaman!" ittiin jedhu.Naggaadonni mi'a kana bitanii gurguran, warri ishee irraa sooruma argatanii turanis, dhiphina ishee sodaachuu irraa kan ka'e irraa fagaatanii dhaabatanii in boo'u in gadduuf.Boo'icha keessas, "Mandara guddittii, ishee uffata quncee talbaa qullaa'aa, uffata dhiilgee fi bildiimaa uffachaa turteef, ishee warqeedhaa fi dhagaa gati-jabeessa, callees naqachaa turteef wayyoo! Wayyoo!Sa'aatii tokko keessatti badhaadhummaan kun hundinuu waan bade ta'eera! in jedhu. Warri markaba irratti ajajan, warri markabaan adeeman, warri markaba keessaa hojjetan, warri hojii galaana irratti hojjetamuun jiraatan hundinuus ishee irraa fagaatanii in dhaabatan.Aara gubachuu ishee yeroo argan iyyanii, "Mandara kamtu akka mandara guddittii kanaa ture?" jedhan.Biyyoo mataa isaanii irratti firfirsanii, in boo'an, in gaddanis; iyyanii, "Mandara guddittii, ishee warri markaba galaana irraa qaban

hundinuu badhaadhummaa isheetiin sooromaniif, wayyoo! Wayyoo! Sa'aatii tokko keessatti kan badde taateetti!" in jedhu turan. Sagaleen tokko immoo, "Yaa bantii waaqaa, kana irratti gammadi! Isin warri Waaqayyoo qulqullooftan, ergamoonni isaa warri lafa irraa, raajonnis, Waaqayyo isheetti isiniif waan faradeef gammadaa!" jedhe. Kana booddee ergamaan aango-qabeessi tokko dhagaa akka dhagaa daakuu guddaa tokko fuudhee galaana keessatti darbatee, "Baabilon mandarri guddittiin akkas furguggifamtee, gad in darbatamti, deebitees hin argamtu!" Sagaleen warra kiraara rukutuu, kan wallees, kan warra ulullee fi fiinoo afuufaniis, deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu; namoonni waan garaa garaa miidhagsanii hojjechuutti beekaman, deebi'anii si keessatti hin argaman; sagaleen dhagaa daakuus, deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu; ifni ibsaa, deebi'ee si keessatti hin ifu; sagaleen dhirsa misirroo fi kan misirroo, deebi'ee si keessatti hin dhaga'amu; dur illee naggaadonni kee namoota gurguddoota biyya lafaa turan, sabni hundinuu qoricha namatti gochuu keetiin gowwoomfamarii turan. Amma immoo, dhiigni raajotaa fi kan warra Waaqayyoo qulqullaa'anii, kan warra lafa irratti qalamanii hundinuu, ishee keessatti argamuu isaatiif, kun ittiin jedhame" jedhe

Mul. 18: 4-24

Egaa maqaa dhagahaa! Baabiloon guddittiin(Ameerikaan) fi ijoolleen kee Ingiliiz, Jarman, Kaanadaa, Ispeen, Dachi, Poorchugaal, Xaaliyaan, Deenmaark, Ayarlaand, Oostiriyaa, Awustraaliyaa, Meeksikoo, Raashiyaa, Jaappaan, Chaayinaa, Veetnaam, Indiyaa, Siingaapoor, Israa'eel, Indooneezhiyaa, Liibiyaa, Kooriyaawwan, Kuubaa, Iraan, Sooriyaa, Saawudii Arabiyaa, Beeljiyem, Siwiidin, Noorweey, Fiinlaand, Qataar, Eemireetis, Kuweet, Misir(Ijiipt), Aljeeriyaa, Naayjeeriyaa, Afrikaa Kibbaa, Biraaziil, Chiilii, Arjantiinaa.... mootummoonni xixinnoo biroos hundinuu waancaa isiniif qophaa'e irraa ni dhugdu.

Qaroominni, qabeenyi kabajni keessan hunduu ni bada. Badiinsi mootittii teessanii Ameerikaa, badiinsi jaallewwan ishee gurgudoo aarri isaa samiitti ol baha. Ni gubattan daaraas ni taatan. Mallattoon keessan ni bada. Ibsaan keessan warshaan keessan, magaalli miidhagaan keessan qabeenyi faayaan keessan meetiin keessan kan ittiin sagaagaltan, sanyiin keessan ni bada. Daaraa ta'a. Bineensi itti wal hora. Akka qarooma Efraaxisii fi Misirii mallattoonuu isinii hin hafu. Bofni duraa abbaan keessan isin hin baraaru kan isin eegu hin jiru; Gooftaan tuffattan kan maqaa isaatiin qoostan, Hafuurri qulqulluun isin arrabsitan hartuu abiddaatiin isin hara. Garamitti baqattan? Garamittis godaantan? Iddoo hundatti badiinsi keessan isin hordofa. Hiyyeeyyin harka qalleeyyiin beeloftootni isin diigdaniin, kanneen isin balleessitaniin isin dhaalu. Ka'iinsa isaaniitu ta'a. Kufaatiin keessanis ammo ni dursa. Gantuuwwan ijoollee bofaa, gara-jabbeeyyii, of-tuultota, Ogummaa keessaniin kan boontan, kan itti boontan kun hunduu ni bada. Akka aaraatti

hurkaawa. Hafteen sanyii keessanii ni buqqa'a. Eenyuyyuu sin hin baasu. Hojii keessaniin cubbuu keessaniin Sadoomii fi Gamooraa harka torbaan caaltaniirtu. Abiddi Sadoom nyaate harka torbaan ta'ee isin nyaata. Meeshaa waraanaa oomishtaniinis wal fixxu.

Badiinsa keessan, barbadaa'iinsa keessan, haramuu keessan; humna dhabeeyyiin, gara laaftonni, qulqulloonni ummattootni waaqayyoo eegiinsa gaariin iddoo dansaa irra ta'anii, murtoo Uumaa isaanii(murtoo isa qajeelaa) ni ilaalu, ni ****, dabramaniis ni jiraatu. Eenyutu tuqaan? Eegaan isaanii inni amanamaa kan hin rafne Gooftaa macccaa Waaqayyo dha waan ta'eef.

Ogummaa keessaniin oftuummaan waan sinirra ooleef Waaqayyoon hin jiru jettu umrii kan safaru kan murteessu Waaqa ta'uun hafee waa'ee ardii waa'ee namaa waa'ee uumamtoota adda addaa hambaa lafee guurtanii miliyoona **** jettanii umrii tilmaaamtu. Ogummaan keessan isin macheesse; xumurees isin dogoggorse; naamusni

hin adabamne keessan mataa isinitti mare. Kanaafis of-tuummaadhaan machaatan. Mootummootni hiyyeeyyii fi ummatni isaanii isiniif garboota ta'an. Bulchaa isinitti tolu ummata irra feetanii, fuuncaa beela fi raakinaatiin akka dhipatan gootan qabeenya isaanii ni saamtan kan isaan nu jalaa baasu hin jiru jettan. Ardiin dalagaa hammeenya guyya guyyaadhaan isin dalagdan baachuu dadhabde. Kanaafuu murtoon keessan ariifate. Kunoo yeroo gabaabaa keessa ni dhufa ni barbadeessa. Garam miliqama murtoon Uumaa keenya ni raawwatama. Murtoon haqaa isaa ifa ni baha. Yeroo dhihootti ni mul'ata badiinsii fi murtoon keessanis karra keessanirra dhaabataniiru.

Ayii Baabiloon(Ameerikaa)! ayii Awurooppaa! ayii Eeshiyaa! Ayii Afrikaa! Wayyoo Laatin Ameerikaa! Ayii Awustiraaliyaa! Ayii addunyaa dahannoon garami? Ni safaramtan ni salphattan(Maanee Teqeel Faarees) kanaafuu gingilchaa abiddaatiin ni gingilchamtu.

Isin keessaa warri qulqulluun kan gocha hamaa keessanirraa kan fagaatan yeroo mara cubbuu fi hammeenya keessaniin nafsee isaanii kan cinqan jalaa ni fayyu. Nimiliqu. Waaqayyo Gooftaan macca(hoomaa) kana ni godha ni raawwata.

B.Warri ergaa lammaffaa iratti ibsamtan, gurra keessan banadhaatii caqasaa. Ergaa kana keessatti kan ibsamtan warra amantaa adda addaa qabattanii jiraattan ilaalata.

1. Maqaa Kiristaanummaatiin kan jirtan kaatolikii fi abbootiin ishee, Pirootestaantii fi abbootiin ishee, Ortodooksii fi abbootii ishee. Akkasumas amantiwwan Kiristaanummaa garagaraa lakkoofsaan xinnaa taatan kan biyya adda adda keessa jirtan fi abbootiin isaanii!!

2. Ardii tana kan bal'inaan haguugdan hordoftootni Islaamumaa fi abbootiin ishee hundi!

3. Koonfiishiyaanii, Buudhiizmii, Hinduuyizimii fi amantiwwan Eeshiyaa bahaa keessatti bal'inaan argamtan fi abbootiin isaanii!

Waaqayyo Gooftaan maccaa kan dur ture kan fuulduras jiraatu hunda danda'aan kan hunda dabarsu kan hunduu harka isaa jiru akkana isiniin jedha!!

Isaayyaas 66:

¹⁵ Kunoo, Waaqayyo ibiddaan in dhufa, konkolaataan isaas akka bubbee ti; inni aarii dheekkamsaatiin, bobaa ibiddaatiinis in ifata.

¹⁶ Waaqayyo ibiddaa fi billaa isaatiin nama hundumaatti in farada. Waaqayyoodhaan waraanamaniis kan dhumanni baay'atu.

Gooftaa Waaqayyo hojii keessan ni madaale hammeenya keessan ardii haguuge nu abbootii amantaadha jettu hojiin keessangaruu kan abbaa keessanii Diyaabiloos ta'e. Karaa fayyiinsaa sirumaa ni balleessitan. Hamaawwan, sagaagaltoota ajjeestoota jabeessitan. Kanaafuu baay'inni cubbuu keessanii addunyaa hundaafuu ga'e. Gooftaan sayfii/halbee abiddaatiin sin hara.

Hisqi'eel 34:

⁷ Kanaaf isin tiksoota nana dubbii Waaqayyoo dhaga'aa!

⁸ Ani jiraataa dha! jedha Waaqayyo gooftaan, hoolonni koo tiksee waan hin qabneef, tiksoonnis waan isaan hin eeginiif, hoolonni koo saamamanii bineensota caakkaa hundumaaf nyaata ta'an; tiksoonnis ofii isaanii sooran malee, hoolota koo hin soorre;

⁹ kanaaf isin tiksoota nana, dubbii Waaqayyo dhaga'aa!

¹⁰ *Waaqayyo gooftaan, "Kunoo, ani tiksoota irratti nan ka'a, hoolota koos harka isaanii keessaa nan barbaada; si'achis hoolotaa fi tiksoota akka isaan hin taane nan godha; tiksoonni sun si'achi ofii isaanii akka hin soorre nan godha; ani hoolota koo afaan isaanii keessaa nan baasa, si'achis nyaata isaaniif hin ta'an!" jedha.*

Maqaa amantii Kiristaanummaatiin bobbaatanii tiksee fi dursaa taatanii Gooftaa kan tajaajiltan fakkaatanii sadarkaalee Paatriyaarkii, Phaaphaasii, Qeesii, Luba, Diyaaqonii, Faarfataa/Faarfattuu jedhu qabattanii ofiin kan of bobbaastan wayyoo isiniif! Kabajni keessan kun hunduu ni bada.

Namoota dhugaa hammeenyaan dhoorkan cubbooma isaanii fi hammeenya isaanii irratti dallansi Waaqaa samii irraa ibsama waan ta'eef.

Waaqayyo waan ifa godheef wanti waa'ee Waaqayyoo beekamuu danda'u isaan biratti ifa dha waan ta'eef Hafuurri hin mul'atne humni isaa kan bara baraa akkasumas immoo waaqummaa isaa uumama addunyaatii eegale ifatti beekama waan ta'eef kanaafuu Waaqayyo beekaa akka waaqayyootti abbootiin amanta Kiristaanumaa hunda akka beeksiftaniif Gooftaan hunda isin beeksiseera. Garuu nu ogeeyyi dha jettu doofaa ta'uu keessan hojiin keessan ifatti mul'isa.

Addunyaa irratti Kaatedraalota manneen amantaa miidhagoo kan faayaan isaanii kan fakkiin isaanii ogummaan ijaarsaa isaanii raajii ta'e hedduu qabdu ni daldaaltus koollejji yuunivarsiitii daran guguddoo qabdu barumsa Tiyoolojiitiin sadarkaa dooktireetii digrii kan kan fakkaataniin abbootiibeekumsaa eebbiftanii baaftu Manneen kitaabaa muuziyemiiwwan manneen qorannoo daran guguddoo qabdu ni qorattu garuu maal faayidaa qaba kun hunduu waa'ee hin qabu.

"Ati garuu Daani'el, hamma bara isa dhumaa sanatti dubbicha cufii, macaafichattis mallattoo godhii kaa'i! Baay'een isa bira ga'uudhaaf in dhama'u, beekumsis baay'achuuf jira" jedhe."

— Dan. 12:4

Armaan olitti jecha Waaqayyootiin akka ibsametti, qorannoon beekumsi baay'atee jira. Iccitiin waaqayyoo garuu baay'ina beekumsaa fi qorannoodhaan waan hin argamneef cufameera saamsameera. Warra

garraamummaan, fayyaalessumaan, dhugaafi hafuuraan waaqeffatan qofaaf ibsama. Bofoonni bara keenyaa garuu dhugaa Waaqayyoo sobaan jijjiirtu, yeroo ammaa addunyaan guutuun gocha boficha duraatiin haguugamtee jirti. Isin keessa, Bataskaanas keessa cufaa hojiin Diyaabiloos mootii ta'eera. Ni daldaaltu, gocha Sadoom babal'iftu, raawwattu, bulchitoota hamoo, hooggantoota hamoo tajaajiltu, jajjabeessitu. Qabeenya keessaniif jettanii hojii hamaa hunda hojjetu. Kanaafuu waaqayyoon abiddaan isin daawwachuuf murteesse. Garamittuu hin miliqhan duuti isinitti murtaawee jira waan taheef.

Musliimni, Budihiiizmiin, Hinduyiizimiin,.Koonfishiyaaniin akkasumas warrikana fakkaatan kan lakkoofsa 2-4 irrati ibsamtan: oduu duriin keessan hundi in hafa, in shaarama. Dhiiga qulqullootaa, raajotaa, barumsa sobaa keessaniif jecha ajjeestaniirtu. Ajjeesaas jirtu. Boonsi keessan hundi kan ijaartan hundi daaraa ta'a. Bakka itti dhaabtattan hin argattan. Tasa gara Si'oolii buutu. Fuula lafaa irraa siruma haftee malee ni baddu.

Kun fagoo miti murtoon keessan ni ba'a. Waaqayyoo Gooftaan hoomaa meeshaa waraanaa isaa uffatee jira. Dallansi isaas daran aaree jira. Ardii wayyoo jedhi. Bofti, Qaajjibuu, Jawween sitti fo'ame hunduu galaana abiddaatiin liqimfama. Kun yeroo baay'ee dhihootti ni ta'a. ni raawwatama.Gooftaan maccaa jecha isaatiin kan amanamedha. Jechi isaa baduu mannaa ardii fi samiin dabruu wayya waan ta'eef.

Ameen murtoon Gooftaa inni sirrii ifa yaa ba'u maqaan isaas yaa galatoomu!

C. Ummatoota waaqayyoo ergaa 3ffaa irratti ibsamtan ilaalata.

Gooftaa maccaa(hoomaa)tiin amanamtamii, ayyaana fi fayyisuu Gooftaatiin cimtanii, Rakkinaaf dhiphina, hidhamuufi salphina, beela fi dhabiinsa, rakkina fi du'a sinirra bu'e hundajajjabeessuu Waaqayyoo Hafura Qulqulluutiin obsitaniisababa murtoon haqaa Waaqayyoo turuu isaatiin kan dadhabdaniif, abdii kutattan hunda, Waaqayyoo hunda caalu imimmaan keessan sinii haquuf cingii keessan balleessuuf ka'e! Homaa miti jabaadhaa!

Hisqi'eel 34:

²⁵ *"Ani isaaniif kakuu nagaa nan gala, bineensota caakkaas biyyicha keessaa nan baasa; isaan lafa onaa keessa sodaa malee in jiraatu, bir'aa malees caakkaa keessa in rafu.*

²⁶ *Ani yommuus isaan nan eebbisa, iddoo naannoo gaara koo jiru sanas nan eebbisa; ani yeroo isaatti tiifuu nan roobsa, innis tiifuu eebbaa in ta'a.*

²⁷ *Mukkeetiin maasii keessaa ija in godhatu, laftis midhaan in baasa; sabnis biyyicha keessa bir'aa malee in taa'a; ani loloosoo waanjoo isaanii caccabsee warra garba isaan godhate harkaa yommuun isaan baasu, ani Waaqayyo akkan ta'e isaan in beeku;*

²⁸ *sabni lafa irraa si'achi isaan hin qabatu, bineensonni caakkaa keessaas si'achi isaan hin nyaatan; bir'aa malee in jiraatu, wanti tokko illee isaan hin naasisu.*

²⁹ *Isaan biyyicha keessatti beelaan dhumanii sabni lafa irraa akka isaanitti hin ga'ifnetti, ani iddoo dhaabaa isa midhaan baasuutti beekamu isaaniif nan kenna;*

³⁰ *yommuus ani Waaqayyo gooftaan isaanii isaanii wajjin akkan jiru, manni Israa'elis ofii isaatii saba koo akka ta'e isaan in beeku; ani Waaqayyo gooftaan kana dubbadheera.*

³¹ *Isin hoolota koo ti, hoolota koo warra ani tiksuu dha; isin namoota koo ti, ani immoo Waaqayyo keessan; ani Waaqayyo gooftaan kana dubbadheera" jedhe.*

Jechi kun addunyaa guutuutti Waaqayyoof kan bultan hunda ilaalata. Gargarummaa ergamtoota qulqullootaa; haadhumaa, ayyaan-qabeettummaa fi kadhattummaa giiftii teenya Maaramii amantanii, kabajjanii kan qabattan hunda ilaalata.

Ifni Gooftaan naannawa tulluu, Itoophiyaa fi gaarota ishee marsanii jiran irratti dhaabu isin warra qajeeloo taatan hundaaf iddoo itti walitti sassaabamtan sinii ta'a.

Waaqayyoon hunda caalu gadda keessan gara gammachuutti ni jijjiira. Gooftaa amanamaan ijoollee isaaf wanti dhoorku hin jiru. Kunis ga'ee jira. Yeroo dhiyoottis ni ta'a. of keessan qulqulleessaa; hin sodaatinaa; hin cinqaminaa; lafti yeroo abidda dallansa isaatiin daawwatamtu isin irraa

rifeensa takkayyuu hin tuqu. Murtii qajeelaa abbaa keessanii; Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoosiitiinis ni dinqamtu.

Waaqayyo Abbaan, Waaqayyo Ilmi, Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun maqaan isaa yaa eebbifamu Ameen!!

D. ERGAAN KOO KAN BIRAA HAALA FUULDURAA FI CARRAA ITOOPHIYAA FI UMMATOOTA ISHEE ILAALLATA.

Ummatni Itoophiyaa Waaqa isaa jalaa baqachuun ajaja isaas tuffachuun; barumsaaafi aadaa keessummaatiin murtaawuun haala olaanaadhaan waan badii hojjeteef kunoo rakkoo hin dhaabbanneef saaxilamee argama.

Naatoo fi gargaarsa waaqa irraa argachuu qabu Ameerikaa fi Awuroppaa(warra Baabiloon) irraa argachuu barbaada. Isaan kadhata. Garuu hoomtuu wanti argame hin jiru. Sababni isaas isaan bofoota; ijoollee Diyaabiloos malee jaallewwan Waaqayyoo miti. Kan raawwatanis fedhii abbaa isaanii Diyaabiloosii ti.

Har'a Itoophiyaa irratti kan mootome Diyaabiloos dha. Kan hojjetus isuma bofa isa duraa kanaafi. Kun kan badu fedha Waaqayyootiini.

Warri Itoophiyaa rakkina keessa akka jiran; biyyi Miidiyaamis akka ro'imte nan arga.

Anbaaqom 3:7

Eyyeen biyyi keenya yeroo dheeraadhaaf rakkachaa dhiphachaa jirti. Kunis adabbii kan badii nuti hojjenne, hojjechaas jirruuf dhufedha. Hattummaa, sagaagaltummaa, dhara, hammeenya, sobaan dhugaa bahuu, ajjeechaa, nama saamuu, nama ganuu, saba koo qofa jechuu, gara jabeenya maal lakkoofsa qaba. Kuni ammoo ummatoonnis, bulchitoonnis kan raawwatan gocha guyya guyyaati. Haaluma kanaan balaan amma ilaalaa jirru kun nutti bu'aa jira.

Haa ta'uutii Gooftaan akkana akka godhu beekuu qabdu:

Sef. 3:

¹⁰ *Warri anaaf sagadan, dubartoonni koo warri tamsa'anis, laga Itoophiyaa gamaa aarsaa anaaf in fidu.*

¹¹ *"Gyyaa sanatti ani warra of gurguddisuutti gammadan isin gidduudhaa nan kaasa; isinis wanta ittiin na yakkaa turtan sana hundumaaf hin yeellaasifamtan; tulluu koo isa qulqullaa'aa irrattis si'achi of hin tuultan.*

¹² *Saba deegaadhaa fi gad deebi'aa, isa ana Waaqayyoon amanatu immoo isin gidduutti nan hambisa;*

¹³ *Israa'eloonni warri hafan si'achi hin yakkan, sobas hin dubbatan; nama sossobuunis dubbii isaanii keessatti hin argamu; isaan nyaatanii in boqotu, kan isaan sodaachisuus hin jiru" jedhe.*

Sef. 3:

¹⁶ *Guyyaa sanatti namoonni Xiyooniin, "Yaa Xiyoon hin sodaatin, harki kees lawwaasa'ee kan gad rarra'u hin ta'in!*

¹⁷ *Waaqayyo gooftaan kee sii wajjin jira, inni oolchuudhaaf aango-qabeessa; inni of irraa bu'ee sitti in gammada, jaalala isaatiin gabii siif in kenna; akka warra guyyaa ayyaana beekamaatti gammadanii, sitti gammaduu isaas sagalee isaa ol fuudhee in dhageessisa" in jedhu.*

¹⁸ *Waaqayyo ammas, "Ani iyya isaanii, wawwaannaa isaanii, yeelloo isa akka ba'aa isaanitti ulfaates isaan irraa nan kaasa.*

¹⁹ *Kunoo, ani guyyaa sanatti warra isin cunqursan hundumaa nan adaba, warra naafa nan fura, warra tamsa'anis walitti nan qaba; warri guutummaa biyya lafaa keessatti yeellaasifaman, ulfinaa fi jajamuu akka argatan nan godhe.*

²⁰ *Yeroo sanatti ani walitti isin qabee, biyyatti isin nan galcha; yeroo sanatti warra isin duraa booji'aman, utuu isin ilaaltanii isiniif nan deebisa; ani saba lafa irraa hundumaa gidduutti, ulfinaa fi jajamuu akka argattan nan godha" jedha; kana Waaqayyotu dubbate.*

Jechi Waaqayyoo armaan olitti taa'ee jiru abdii ummata Itoophiyaatiif himame waan ta'eef kunoo yeroo dhihoo keessatti ta'uu kan jalqabu dha.

Warri hamoon hundi, warri jal'oon hundi, yoo badan gara-jabeeyyiin hundi, sabakoo qofa kan jedhan hundi, sagaagaltuuwwan hundi, bulchitoonni hamoon hundi, ni haramu. Gooftaanis ardittii (Itoophiyaa) hunda irratti mootii ta'a. kanaafuu ummatni Itoophiyaa Waaqa isaa qofatti amanamuu irra jira. Waa'ee mootummoota faranjii fi aadaa isaanii, qabeenya isaanii, beekumsa isaaniitiin amanamuu sirumaa laphee isaa keessaa baasee gatu qaba.

Isaan! Mootummoonni faranjii maaltu akka qophaa'eef ergaawwan lameen dursee ibse irratti himameera.

Abbootiin amantaa lafa Itoophiyaa irra jiran hojiin hamaan isaan hojjetan hunduu ni daawwatama. Ibibdaanis ni sakatta'ama. Gatiin hojii isaaniis ni kennamaaf.

Abbootii amantaa osoo hin ta'in, balleessitoota amantaa ta'aniiru. Phaaphaasii, luba, diyaaqonii, qeesii, manakusee, kuni hunduu bataskaana keessatti ni daldalu, ni ejju(sagaagalu) , hojii mootummaa fi siyaasaa ni hojjetu, ni gowwoomsu, namoota gara dukkanaa oofu. Hunda caala Hafuura Qulqulluu waaqayyootti baacu. Kanaafis abiddaan ni haramu. Manakuseewwan dhugaa dubbatan ni ari'u ni ajjeesu. Dhartuuwwaniif iddoo fi qarshiin ni kennamaaf. Mallattoo sobaa ni dubbatu. Ija babaastuuwwan kunneenis muuseewwan isaanii waliin ni haramu.

Warri addunyaa kana irratti gonfoo abbummaa amantii Kiristaanaa uffatan hundi jecha Waaqayyoo hir'isaa fooyessaa, itti dabalaa akka jiraatan ni beekama. Hundi isaanii ija babaasuu isaanii kanaaf gatii isaanii ni fudhatu.

Abbootiin keenya goototni amantii jabeessanii, wareegamanii kan nuuf tursiisan Kitaaba Qulqulluu kan abbaa boqonnaa 81 ni qabna. Garuu warri adiin kitaaba hir'ifamaa isaanii akka waan sirriitti lakkaawuun, kitaaba keenya kan hin hir'ifamne hin dabalamne “kan Haayilsillaaseeti” jechuun akka asoosama nama dhuunfaatti lakkaawuun ni arrabsu.

Kan Haayilasillaaseeti kan jedhaniif, kan namicha dhuunfaa kan Jaanhooy(Haaylasillaasee) qofa osoo hin ta'in kan Sillaasotaa(Waaqayyo sadeen tokkichaa) kan Abbaa,Ilmaa,Hafuura Qulqulluu Sadeen Waaqayyo tokkochaa kan ta'edha kitaabichi. Kanaafuu warri adiin Kitaaba Qulqulluu irratti hir'ifama raawwattan murtii keesssan ni argattu.

Warri ardii Itoophiyaatti amantii Kiristinnaa qajeelfama garagaraa qabu gaggeessitan hundinuu akka hojii keessanii hanguma facaafanis ni haammattu. Armaan ergaa lakk. 1 fi 2 irratti warra ibfamaniif hunda akkuma ibsame akkaataa isaan madaalamaniin ni madaalamtu. Gatii isaas ni kafaltu.

Warri amantaa Kiristaanummaan ala ta'e gaggeesitan; warra akka keessanii kan addunyaa guutuu irra jiran irratti akkuman faradamu isinis murtoonumti kun sin hordofa.

Bulcitoota fi hooggantoota Itoophiyaa jirtan hunduu namuu akkuma beeku warra gantuu dha. Hin beektan malee amantiin keessan kan abbaa keessanii kan Diyaabiloosiiti.kanaafuu hojii hojjettan hundaaf, dhiiga dhangalaastan hundaaf ciminaan gaafatamtu. Of tuulummaa keessaniin, hammenya keessaniin, daba keessaniin hunda ni qabamtu, ni salphattu, gara daaraas ni

gad buutu. Hundee keessanii, ijoollee keessanii qabee ni haramtu. Itoophiyaa ishee gaarii isin dhiisii ijoolleen keessan hiriyoonna keessanuu hin argan. Fageessitanii yaaddu, baay'ee karoortu, saba sabaan walitti buustan, abidda waraanaa kaastu, garuu kana hunda kan yaaddan ni jiraanna jettaniiti. Hin jiraattan. Yeroo baayyee bayyee xinnoo dha kan isin qabdan, ni baddu.

Eertiraa (Baahira-Nagaash) ilaalchisee adabbi cimaas, badiinsa cimaas fudhattee bakka dur turtetti ni deebiti. Badiinsa ishee jalaa kan ba'an carra-qabeeyyii dha.

Biyyoonni badiinsa ardii Itoophiyaa irra jiru keessa harka isaanii galchan ulee dabalataa ni argatu. Gooftaan maccaa akkan jedha;

Far. 73(74):

¹³ Ati aangoo keetiin galaana gargar hirtee, mataa bofootaas bishaan irratti in caccabsite.

¹⁴ Ati mataa baay'ee isa kan jawwicha guddichaa in hurreessite, ummatoota Itoophiyaatiifis nyaata isaanii laatteef.

Yaa mootota fi fakkaattota keessan bofti eenyu sinitti fakkaata? Jawween hoo? Eeyyeni isini. Ni rukutamtu, ni cabxu, ni baddu.

Itoophiyaa keessattis kan gara-laafaa, qajeelaa, fayyaalessa kan ta'e bilisa bi ba'a. Kun ammoo osoo hin fagaatin yeroo dhihoo keessatti raawwatama. Itoophiyaa keessatti dubartoonni aadaa faranjii haaraatiin fudhataman sirumaa kan badan baay'ee dha. Surree uffatanii deemmu, qaama isaanii ifa baasanii mul'isu, sagaagalummaa akka hojiitti qabataniiru. Siruma hojjettoota Diyaabiloos ta'aniiru.

“Uffata dhiiraa dubartiin hin uffatin! Uffata dubartii dhiirri hin uffatin! Eenyumti illee wanta akkasii yoo godhe Waaqayyo gooftaa kee biratti ciigga'amaa in ta'a.”

Seera Keessa deebii 22:5

Akkana jedha jechi Gooftaa. Dhiirris sanuma. Sagaagalaa, gowwoomsaa, saamaa, of-tuulaa, sobaa, haafawaa, machaawaa, hamaa dha. Isinis haramuu jalaa hin baatan. Kuno akkuma asii olitti ibsame Itoophiyaa teenya irratti ni raawwatama. Hoomtuu wanti hafu hin jiru. Gooftaan obsa yeroo dheeraa booda kan murteessse waan ta'eef, raawwatamaa ta'uu irraa sirumaa hin hafu.

Walumaagalatti

- Mootota, hoggantoota waraanaa, hooggantoota dhaabbilee idil addunyaa fi abbootii qabeenyaa addunyaa guutuu irra jirtan hundaaf
- Abbootii amantaa, lallabdootaafi hordoftoota addunyaa guutuu irra jirtan hundaaf
- Gantuuwwan, farra-Kiristoos , hordoftoota amantiilee sheekkoo, farra-Maaramii addunyaa guutuu irra jirtan hundaaf
- Ejjennoo fi amanti farra-Ergamtoota Waaqayyoo kan qabdan hundaaf
- Ajaja Waaqayyoo tuffattanii oduu durii ofii keessaniitiin kan jiraattan hundaaf, hojii ayyaantuu(qaalluu), hojii xaa'otii(fakkii waaqeffatamu) irra kan jirtaniifi kan isin hordofan hundaaf
- Isin hunda irratti kunoo Waaqni Eeliyaas ni farada.

Gooftaan amanamaa isaa tokko waliin dhaabate malee, luboota fi ummatoota Aka'aabii, Eelzaabelii, Bu'eel Zabu'eelii waliin hin dhaabanne. Isaaniin faallaatti garbicha isaa amanamaa kan dhugaa qofa jabeessu Eeliyaas waliin dhaabate male. Deebii isaanii ibiddaan deebise lakkoofsi isaanii baay'atus gantuuwwan irbaata abiddaa ta'an malee murtoo Gooftaa jalaa hin baane.

Isinillee lakkoofsi keessan miliyoonaan lakkaawamus gatii hin qabu, Gooftaan abbaa dhugaa waliin dhaabachuun abiddoota biliyoona waamamaniin isinitti farada!

Lakkoofsi keessan baay'atee cubbu akka sirriitti raggaasiftanii addunyaa haguugdanis Gooftaan jaallota isaa muraasa waliin bilisummaa mootomsa. Isiniifi abbaan keessan Diyaabiloos cubbuu fi yakka keessan waliin akka galabaatti abiddaan ni gubattu.

Kunis ni ta'a obsi gooftaa waaqayyoo dhumatee xumurameera waan ta'eef. Cubbuu fi yakki keessanis guutee dhangala'eera waan ta'eef. Dirqama gatii fincilaa lubbuu keessaniin ni kafaltu. Murtoon qajeelaa waaqayyoos ifa ni baha, yeroo dhiyootti ni ta'a.

Fuula lafaa kamirrayyu jiraadhaa fincilli,sagaagalli,lubbuu saamuun, sobni,of-tuulummaan, sabaaf saba walitti buusuun, sabboonummaan, tuffiin akkasumas sagaagalummaan gara dhabaan intala durbaa kan sirumaayyuu argamee hin beekne , ulfa balleessuun, dhiirichis gochi

sadoom yakki keessan kun hunduu addunyaa cufaa cubbuu keessa akka lixxu godheeniira. Waan kana ta'eef siruma ni haramtu hartuu abiddaatiin ni bittineeffamtu. Daaraatti ni makamtu. Gooftaan kan ni raawwata ni agartus. Ummantni Waaqayyoo essuma taatan eessa Waaqayyoo isniif gahee gorsi Waaqayyoo Gooftaa hoomaa isin bira yaa gahu.

Mandara fincilaatti hin argaminaa, warra hamaa irraa fagaadhaa, hojii isaaniittis yaada isaanittis hin seeninaa. Hameeeyyii dhiiga dhangalaastota, of-tuultota, dhartuuwwan, sagaagaltoota, machaawota irraa fagaadhaa. Sirumaa fagaadhaa. Aarsaa keessan warra yeroo hunda ni kadhanna jedhanii Gooftaa fannisanii madaa isaanii waraanan waliin walitti hin makinaa.***** Kadhannaa dhuunfaa keessanii kadhadaa. Hardha irratti amantiilen fi abbootiin hunduu kan eebbisan osoo hin ta'in kan lubbuu balleessan waan ta'aniif.

Mana mana keessanitti goda keessan cufadhaa, imimmaaniin , laphee guutuudhaan, yaada guutuudhaan, kadhadaa waa'ee afaan keessanii Waaqni Abrahaam kan laphee keessan qoratu dhugaadhaan, hafuuraan, onnee cabeen, yoo itti himtan ni dhagaha tiraasii keessan imimmaaniin jiisaa imimmaan keessan sinii haqa. Gooftaan hoomaa inni amanamaan, kan addunyaan uumamni kamuu qorachuu beekuu hin dandeenye kun yeroo inni tasumaan "haa ta'u" jedhuun cimee dhaabate akka ta'u taasise baay'isee isin jaalata. Gatii keessanis ni kafala.

Waaqayyoo Gooftaan hoomaa Abbaan Ilmi Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoo sadeen tokkochi akkan jedha:

Seera keessa deebii 6:

⁴ *Yaa Israa'el dhaga'i! Waaqayyoo gooftaan keenya Waaqayyoo isa tokkicha!*

⁵ *Ati Waaqayyoon gooftaa kee garaa kee guutuudhaan, humna kee guutuudhaanis jaalladhu!*

⁶ *Dubbiin ani har'a si abboomu kunis garaa kee keessa haa taa'u!*

⁷ *Isas keessa deddeebi'ii ijoollee kee barsiisi! Yeroo mana kee keessa teessu, karaa irra yeroo adeemtu, yeroo ciiftu, yeroo kaatus waa'ee isaa dubbadhu!*

⁸ *Ati akka milikkitaatti harka kee irratti isa hidhadhu! Ija kee durattis kan rarra'u haa ta'u!*

⁹ *Michichila balbala mana keetii fi karra keetii irratti isa caafi!*

Waaqni hunda danda'aan kan amanamedha. Bara kumaatamaan lakkaawame isin obse. Dhiigni yoo dhangala'u soba hammeenya daba of-tuulummaa yoo mootomsitan lolaa fi adabbii salphaa dhaan isinii dhiise. Waaqni hunda danda'aan kan kan ture kan jiru kan jiraatu Gooftaan hunda dabarsu sossobbii keessan arge. Cubbuu keessan kan addunyaa liqimse laftis iyyite baachuu dadhabde. Waaqni hunda caalaan uffata waraanaa isaa uffate. Obsi isaa kan baroota dheeroo dura akaakilee keessan duraa qabee qortaniin dhumate. Egaa ammaan booda eessa laata kan gahamu? Namas Waaqas miitaniirtu, garam baqattu? Baay'ee sodaachisaa dha. Anis daran natti ulfaataa dirqameetin jira. Waan ta'uuf jiru yoonan yaadu siruma bakka itti gahun dhaba. Aarii kana eenyutu deebisa laata? Eeyyeen Waaqa duraa garamitti baqachuu danda'ama?

Egaa ergaan koo kanuma.

Akka dhagechaniif dirqama! Akka hin dhagahamne gochuun ammoo milkaahuu baatus of irratti balaa guddaa waamuu dha. Xumure!

Yaadni keessanis qalbiin keessanis akka ergicha waliin tahu sin yaadachiisaa ana barbaaduuf hin xaarinaa na hin argattan. Osoo dandeechaniyyuu wantin isin gargaaru hin qabu ani hiyyeessa kufaa dha waan ta'eeg. Ergamaan ergaa dabarsaan miskiinni tokko kunoo hojiin isaa kanuma. Kanuma irratti dhuma waan ta'eef!

Jalqabsiisee kan na xumursiise waaqani Abrahaam fi Yisihaaq, waani Eeliyaas, Waaqni ergamootaa(Phaawulos fi Pheexros fa'aa), Waaqni hunda caalaan Abbaan Ilmi Hafuurri Qulqulluu, Sadeen Waaqayyo tokkicha maqaan isaa yaa eebbifamu.

Gooftaan murtoo qajeelaa ol haa jedhu.

Ameen!!

yaadannoo

- Namni dhuunfaan, dhaabbanni, dhaabni, abbaan taayitaa, ergaan murtoo baate kun bira gahe kamiyyuu isa biraatiif dabarsuu dirqama qaba, itti fayyadama bu'aas itti buufata.
- Namni, dhaabni, dhaabbanni kamiyyuu afaan barbaadetti hiikuu ni danda'a; garuu hir'isuu, dabaluu, jijjiiruun dhoorkaa dha.

- Nami, dhaabni, dhaabbanni, abbaan taayitaa ergaa murtoo qabatee jiru kana sakaale, dhoorke, adabbiin irra gahu kan gaabbuufuu carraa hin kennineef ta'a.

Barreeffame sadaasa 7 1998 bara fayyinaa(Akka Lakkoofsa Itoophiyaa)